# سُورَةُ الضُّحَىٰ
# Suuraa Dguhgaadhaa

*Dura,dursoo suuran tun {suuratudguhgaa} je'amti

قبل كل شئ هذه هي سورة الضحي

*Isiin suuraa makkaati □

وهى سورة مكيه

*Aayaanni isi'ii kudha tokko .

وآياتها أحد عشر آية .

*Lakkooysi isi'ii sagaltamii sadii .

وعددها ثلاث وتسعون

*Isiin eega { suuratul'fajriitii } buute

نزلت بعد سورة الفجر

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbiitii, yookaa {waaqa} rahgmata xiqqa'aa guddaa qabuutii

بِسْمِ ٱللَّهِ ٱلرَّحْمَٰنِ ٱلرَّحِيمِ

**1}***Jalqaba guyya`aa , yookaa waytii waa-re`ee , takkaa guyyaa hundaanan siif kha-dhadhaa.

وَٱلضُّحَىٰ ﴿١﴾

**2}***Halkan dukkanaatinan siif khadhadhaa.

وَٱلَّيْلِ إِذَا سَجَىٰ ﴿٢﴾

*Rabbiin kee yaa muhammad sin dhiifne sin darbine,

مَا وَدَّعَكَ رَبُّكَ

**3}***Sittilleen dallanne, sin jibbine wa nni aayanni tun buutef orma kuffaaratiifii qur`-aanni hanga guyyaa kudha shanii takka nabi Muhammadirratti bu`uu oollan , Rabbiin Muhammad jibbee,tanaaf qur`aanni, akka duritti, irratti bu`urraa dhaabbate je`an, hoggaa san Rabbiin aayata tana irratti buusee, yaa ergamaa kiyya Muhammad, orma kuffaaraa san, waan isaan je`an hin dhagayin, takkaa hin yaaddawin, Rabbin kee eega si jaalatee sin jibbine, eega si filatee sin darbinee je'eenii, ammas akki je'een.

وَمَا قَلَىٰ ﴿٣﴾

**4}***Yaa ergamaa kiyya Muhammad jiruu booda,tiitu jiruu duraa siif caala mana aakhi-ra'aatu,mana addunya`arra siif caala, waan Rabbiin aakhiraa mana qanani`ii godheef jecha, ammallee waan Rabbiin, waan asitti sii kenne daran achitti sii kennu`uu taa`uf jecha,

وَلَلْآخِرَةُ خَيْرٌ لَّكَ مِنَ ٱلْأُولَىٰ ﴿٤﴾

*Yaa ergamaa kiyya Muhammad Rabbiin kee, waan gaarii hanganaa hin qabne, sii kennu`uu jiraata,

وَلَسَوْفَ يُعْطِيكَ رَبُّكَ

**5}***Duuba hoggaa Rabbiin , waan ati feetu

فَتَرْضَىٰٓ ﴿٥﴾

hunda sii kenne,jaalatteeti, waan rabbi sii kenne saniin ,akkaan gammadda, nabi Muhammad akki je`e; {eega Rabbiin akkatti baallama naaf seenee, waan ummata kiyyarraa, namni tokkichi, ibidda azaabaa keessa jiruun, qalbiin tiyya nan gammadduu ,duuba akkan isa shafa`un ,Rabbii kiyya kadhaa,naaf eehamaa shafaa`aa tiyyaan, ibiddaa keessaa namni sun bayaa, huggaa sanan gammadaa je`an} Rabbiin waan dur nabi Muhammadii kenne, isa yaadachiisee akka je`een.

أَلَمْ يَجِدْكَ يَتِيمًا فَآوَىٰ ﴿٦﴾

**6}***Si Rabbiin kee, sii yatiimaa si argee bakka siin goonee? kan sii garaa jiru abbaan kee Abdullaahi sirraa du`ee haadha tee aaminaa biratti sin guddifnee, ammas sii bara jaha jiru, haatee sirraa duunan akaakoo kee, {abdulmuxxalib} biratti sin guddifnee , akaakun kee sii bara saddeetii sirraa duunan, adeera yookaa abbeeraa kee, {abuu xaalib} biratti sin guddifnee, hanga amata afurtama guuttee si erginetti ,kan eegasilleedhaa si bira dhaabbatee ,xillaata kee gama hundaan sirraa deebisu,kan ilmaan isarra si jaalatu, kan makka keessatti irkoo guddoo sii taye, duuba adeerri kee duunan, kan kuffaara qureyshi`ii ,sirraa deebisuu ture, kuffaarri makkaa si miidhuu jabeessinaan madiina`atti, warra sitti amanee, si bira dhaabbatee, si gargaaru sii qopheessinee, makkarraa hijraa bayuu, iznii siin goonee? kana hundaa, wanni dalageef si guddisu`uufii mitii.

وَوَجَدَكَ ضَالًّا فَهَدَىٰ ﴿٧﴾

**7}***Si yaa ergamaa kiyya Muhammad sii xiqqa`aa kan ganda makkaa keessatti kara-`arraa bade,kara`arratti sin deebifnee, sin qajeelchinee manatti sin galchinee? Takkaa makgnaan isaa, sii karaa amma irra jirtu kana, hin beyne, kan baruu barbaadu, si garree, si qajeelchinee? qur`aana sirratti buufnee?.

وَوَجَدَكَ عَائِلًا فَأَغْنَىٰ ﴿٨﴾

**8}***Sii homaan qabne, si argee sin Duroomsinee ?,waan argatteen if geessee xiqqaattuu ,guddatuu, maalif ? durummaa jechuun waan argatan aminfatu'u, qalbiin nama guutamu`u malee, horii hedduu qabaatu`uu miti, maalif ? nama meeqaatamtu jira,kan horii guddaa qabu kan qalbiin isaa bololtu, tanaaf nabi Muhammad nageenyi isarratti haa jiraatuu, akki je`e; {durummaa jechuun waa horii hedduu qabaatu`uu mitii,haa tayuu durummaa jechuun durummaa qalbi`iiti je`an} akkana jechuun;dureessa jechuun nama qalbiin guutu`uuti jechu.

فَأَمَّا الْيَتِيمَ فَلَا تَقْهَرْ ﴿٩﴾

**9}***Yaa ergamaa kiyya Muhammad yatiima hin miidhin waan isaa duraan balleessin yatiima gargaaruu hin dhiisin, gargaaruu dhabuun sun miidhaa je`amaa, yatiimni isaa nayu`utti haajamaa,waan sirra dabre agartee,yatiimaf akka abba`aa tayi hin xiqqeessin.

وَأَمَّا ٱلسَّآئِلَ فَلَا تَنۡهَرۡ ﴿١٠﴾

**10}***Ammoo nama dhabaaf waa kha dhatu lolteenii hin ari`in dubbii hamtu`uun hin waraanin, sun akka deemii dalagadhu humna qabdaa isaan je`uudhatii,duuba wanni sirraa barbaadamu yoo namni waa si khadhate qabaattu kenniteefii, dhabdu Rabbi sii haa kennu jettee, du`aa`ii isaa godhuu sunuu kennaa je`amaa.

وَأَمَّا بِنِعۡمَةِ رَبِّكَ فَحَدِّثۡ ﴿١١﴾

**11}***Ammoo waan Rabbiin sii kenne kan akka ati ergamaa kiyya tayu`uufaa mul`isi odeessu`uun takkaa dalaga`aan, tanaaf jecha namni waa qabu, nyaatee uffatee mul`isuun barbaadama, maalif Rabbiin ni`maan isaa, gabricha isarraa mul`-atuu jaalataa.